Barattoota Haaraa Yuunvarsiitii Jimmaa - - Anaa Dhufu!

SEERAAFI DAMBII BARNOOTAA

1. Galmee Barnootaa

Barataan galmeedhaaf ulaagaa guutu mara Yuunivarsiiticha keessatti qaamaan argamuun galmaahuu qaba. Manni galmee (Rejistraariin) Yuunivarsiitichaa yeroo galmee dursee murteessee beeksise keessatti qofa galmee gaggeessa. Rakkoon humnaa olii yooquunnameefi guyyaan galmee barattoota jalaa yoo darbe guyyaa galmee idilee booda gaafa guyyaa 3ffaa ragaa dhiyeeffachuun adabbii qarshiin galmaa'u. Yeroo galmee idlee keessatti yookiin guyyaa adabbii barattoonni hin galmoofne yoo xiqqaate waggaa tokkoof barnoota irraa dhorkamu.

2. Waraqaa Eenymmeessaa

Barattoonni Yuunivarsiitichaan galmeeffaman waraqaa eenyummeessaa dhuunfaa isaanii lakkoofsa galmee nama biraatti naanneffamuu hindandeenye ofirraa qabu ni kennamaaf. Waraqaan eenymmaa kunis tajaajila Yuunivarsiitichi barattootaaf kennuufi meeshaalee Yuunvarsiitichaa ittiin fayyadamuuf isaan gargaara. Kanaafuu sirnaan kunuunfachuu qabu.

Lakkofsi waraqaa eenyummeessaa barataa, galmeewwan baraticha waliin walqabatan mara irratti kan galmeeffamu yoo tahu, barataan/ttuun kuni tajaajila kamuu argachuudhaaf kaardiii waraqaa fi lakkoofsa isaa qbatee argamuun dirqama.

3. Filannoo Muummee/Gosa Barnootaa

Barattoonni haaraa Yuunivarsiitii Jimmaa seenanii muummee yeroo filatani, ramaddiin kan gaggeeffamu **65%** qabxii , **5%** barattoota naannolee guddataa jiranii irraa dhufaniif, **5%** barattoota miidhama qaamaa qabaniif akkasumas **25%** dubartootaaf carraa kennuudhaan raawwatama.

4. Kutaa barnootaa hordofuu

Barattoonni gosa barnootaa fudhachuuf galmaa'an hundaa yeroo ramadameefii hundatti kutaa barnootaa yookiin laaboraatorii keessatti dirqama argamanii hordofuu qabu. Barataan kamuu gosa barnootaa tokko **80% oli** barnoota yoo hinhordofiin, qormaata waliigalaa barnoota sanaaf kennamu qoramuu hindanda'u

5. Adeemsa Baruu-barsiisuu

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti barataan kamuu rakkoo isa mudatu kamuu haala seera qabeessaafi nagaa-qabeessa taheen dhiyeeffachuu qaba. Rakkoon kamuu yoo mudatu muummee barnoota isaa irraa jalqabuun hoggantoota sadarkaa gara garaa jiran biratti rakkoon isaa dhiyeeffata. Yoo furamuufii baate dhumarratti hoggantoota olaanoo yuunivarsiitichaa biratti gaaffii isaa dhiyeeffachuu danda'a. *Kuni yoo tahu garuu barnoota dhaabanii gaaffii gaafachuun gonkumaa dhorkamaadha.* Adeema kana keessattis barattoonni gara hin barbaadamneen humna fayyadamuutti yoo kan deeman tahe, barnoota isaanii irraa waggaa tokkoo jalqabee hanga guutummaatti Yuunivarsiitii irraa ari'amuutti adabbiin irratti kan fudhatamu ta'a. Gaaffiiwwan dhiyaatanis hanga danda'ametti karaa Gamtaa barattootaa Yuunivarsiitichaan dhaabbate tahuu malan. Dabalataanis, mooraa yuunivarsiitii keessatti ilaalcha amantaafi siyaasaa kamuu adeemsisuufi sochii taasisuun dhorkaadha. Yuunivarsiitichi sirna barnootaa dhiibbaa amantaa kamiinuu irraa bilisa (secular) kan tahe waan hordofuuf barattoonni seerota jiran sirriitti qalbeeffachuufi ittiin buluu qabu. Kana waliin walqabatee barataan kamuu sabummaa fi amantaa bu'ureffachuun rakkoo (waldhibdee) yoo uume guutummaan guutuutti barnoota isaa irraa ariamuun seera fuulduratti dhiyaata.

6. Seera Qormaataa

Barattoonni qormaatatti yoo dhiyaatan of danda'anii kan dhuunfaa isaanii hojjechuu malu. Kana jechuunis, meeshaalee barnootaa kamuu qabatanii kutaa qormaataa seenuun, waljijjiiruun, wliin mari'achun, hatuun, hachisiisuu, bilbila mobaayiliifi meeshaalee teekinoolojii biroo fayyadamanii deebii qormaataa walii dabarsuufi fudhachuun seeraan dhorkamaadha. Adeemsa barnootaa kanneen jeeqanii, kanneen nama biraa irraa garagalchan, warri nama dogoggorsiisan walumaa galatti bu'aa hojii nama biraa akka kan ofiitiitti barattoota dhiyeessan irratti Yuunivarsiitichi adabbii seerraa cimaa ni fudhata.

Barataan kamuu otoo deebii qormaataa hatuu yookiin hachisiisu battaluma sanatti qabame qormaata madaallii fufiinsaa yoo tahe **zeeroo** kan argatu yoo tahu, qormaata waliigalaa irratti yoo qabame guutummaa barnootichaatti firii **"F"**tu galmaa'aaf. Barataan kamuu si'a lammaffaaf yoo deebii qormaataa hatu ykn hachisiisu qabame Yuunivarsiiticha irraa isa dhumaaf ariiyatama. Yakka qormaata hatuun walqabatee firiin gosa barnootaa galmaa'e irratti qormaata bakka buusaa (Make-up exam) fudhachuun hin danda'amu.

7. Qormaata Bakka buusaa (Make-up)

Barattoonni qormaata bakka buusaa fudhatan kanneen yeroo (seemisteera) barnootaa xumuraniif rakkoo humnaa-ol taheen qormaanni kan jalaa darbe, kanaaf ammoo ragaa quubsaa yoo dhiyeeffatan qofa. Ragaalee quubsaa tahan keessaas, *rakkoo fayyaa, du'a (boqota) miseensaa maatii raga ogeessa fayyaan mirkanaa'e, yeroo da'umsaa (dubartootaaf), rakkoo tokko malee to'annaa*

seeraa jala yoo oolan, kkf. Qormaanni bakka buusaa kamuu kan kennamu galmeen seemisteera itti aanuu adeemsifamee *torbee lama* keessatti. Barataan tokko turtii isaa yuunivarsiitii keessatti ***si'a lama*** caalaa qormaata bakka buusaa fudhachuu hin danda'u. Barataan gosa barnootaa *afuriifi isaa olitti* qormaanni waliigalaa jala darbe *barnoota isaa addaan kutuun* bara itti aanu deebi'ee gosa barnoota kanaaf galmaa'uun barnoota isaa itti fufuu qaba.

8. Sadarkaa Qabxii Waggaa 1ffaa, Seemisteera 1ffaatti

Qabxii kan seemisteeraa	Qabxii Waliigalaa	Sadarkaa
<1.25	<1.25	Barnoota Addaan kuta (AD)
1.25—1.49	1.25—1.49	Barnoota yeroodhaaf addaan kutee itti deebi'a (ADR)
1.5—1.74	1.5—1.74	Akeekkachiisa (Warning)
>1.74	>1.74	Pass

9. Qabxii laalchisee Komii dhiyeeffachuu

Barataan kamuu seeraafi dambii yuunivarsiitichaa hordofuun waa'ee qabxii (firii) barnootaa isaa komii dhiyeeffachuu danda'a. Haa ta'u malee, barataan tokko komii dhiyeeffachuu kan danda'u seemisteerri itti aanu jalqabee *guyyaa 10 keessatti qofa*. Komiin kamuu guyyoota eeyyamaman kanaan ala yoo dhufan hinkeessumeessaman. Barataan kamuu firiin qormaata isaa dogoggora yoo qabaate, kan waliindhahame, tilmaamaan fi madaalliin kenname seer-maleessa jedhee yoo amane, jalqabarratti gorsaa isaa ykn hogganaa muummee isaatiitti iyyata galfata. Barsiisaan bu'aa qormaataa barataatti agarsiisuu mala. Gorsaan barataa fi hogganaan muummee waliin tahuun barsiisaan komiin irratti ka'e qormaata barataa akka sakatta'u, dogoggorri yoo jiraates akka sirreessu taasisu. Dogoggorri jiraatee barsiisaan sirreessuuf eeyyamamaa yoo tahuu dhiise garee walgahii miseensota muummee sanaan dhaabbatuun qormaatichi irra deebi'ee akka soroorfamee sirreeffamu taasifama. Barataan garuu rakkoo barsiisaa malee sobaan qabxiinkoo naaf haa fooyya'u jechuun faayidaa hinmalleefii argachuuf kan yaalu yoo tahee yoo argame qabxii/ firii gosa barnoota sanaa guutummaatti gara zeerootti hanga deebisuutti adabbin ni fudhatama.

10. Itti-fayyadama Mana Kitaabaa

Yuunivarsiitichatti seemisteeraaf galmaa'ee barataan jiru hunduu tajaajila mana kitaabaa Yuunivarsiitichaa ni argata. Tajaajila argachuuf barataan kamuu waraqaa eenyummeessaa isaa haaromfame qabatee argamuu mala. Mana kitaabaa keessatti hiriyaa waliin haasa'uun, sagalee bilbila mobaayilii dhageessisuun, kophee yeroo deeman sagaleen jeequ godhatanii seenuun fi uffannaa yeroo hirribaa uffachuun seenuun dhorkaadha. Kitaaba ergifatan irratti barreessuun, fuula kitaabichaa keessaa kutuun, eeyyama malee mana kitaabaa keessaa kitaaba fudhatanii ba'uun adabbii waggaa tokkoo hanga guutummaan ari'amuutti namarratti fudhachiisa. Kitaabilee hedduminaan jiran ergifannaan fudhachuun kan danda'amu yoo tahu, tajaajilaanis manni kitaabaa sa'aatii 24 guutu tajaajila kenna.

11. Ittifayyadama Qabeenya Yuunivarsiitichaa

Barataan kamuu qabeenya Yuunivarsiiticha keessatti argamaniifi kan itti tajaajilaman kunuunsuu qaba. Qabeenya Yuunivarsiitichaarratti miidhama yoo geessise akka kanfalu taasifamuurra dabree badii raawwateefi hanga Yuunivarsiiticha irraa arii'amuutti tarkaanfiin irratti fudhatamuu danda'a.

12. Badiiwwan Yuunivarsiitii irraa barataa ariisisuu danda'an

Barataan badiwwan armaan gaditti eeraman rawwate isa dhumaaf barnoota Yuunivarsiitii irraa ari'amuu danda'a.

A. *Barattoota Yuunivarsiitichaa walitti buusuu yoo yaale yookaan walitti bu'iinsa kana irratti yoo hirmaate/tte*
B. *Yuunivarsiiticha keessatti meeshaa sagalee qabuun ykn hinqabneen miidhaa yoo geessise/ste*
C. *Hawaasa Yuunivarsiitii irratti yaalii reebichaa kan taasise ykn kan raawwate*
D. *Yakka dirqiin gudeeduu yoo raawwate/tte*
E. *Raga barnootaa sobaa qabatee galmaa'ee yoo argame*
F. *Kanfaltii irraa eegamu kan hin kaffaliin ykn osoo baasii barnootaa (cost sharing) hin mallatteessiin tajaajila fayyadamee yoo argame.*

Bara Barnootaa Dansaa Isiniif haa ta'u!

Mana Galmee (Rejistraara) Yuunivarsiitii Jimmaa